

**Akkamittan
Mootummaa
Waaqayyoo
dhaaluu
danda'a?**

Werner Gitt

Akkamittan Mootummaa Waaqayyoo dhaaluu danda'a?

Namoonni baay'een wa'ee jireenya bara baraa yaaduu hin barbaadan. Yeroo wa'ee du'aa yaadanitillee du'aan boodaa waan ta'u yaaduu hin fedhan. Fiilmii ,E.T.' jedhamu keessaati taatoo bu'uraa ta'uun kan taphate Dreew Berimoor bara 1975 A.L.A. bakka hermoori jedhamuti kan dhalate, yeroo umuriin ishee waggaa 28 gahu "Adurree koo dura yoon du'ee qaamni kiyyaa adurree kootiin nyaatamee kan hafe yoo hafes, kan ishiin nyaatamee sanan yoo xiqqaate ishee ykn adurree koo keessaa jiraachuun barbaadaa" jetteeti turte. Kun egaa hubannoo dhabuufi waan gara fulduraati tahuu malu arguu dadhabuu miti ree?

Gooftaa Yesuus yeroo lafa kana irra tureeti namoonnii baay'een gara isaati dhufaa turan. Gaaffiin isaanis waa'ee yeroo ammaafi wantoota yeroo dhiyoo keessaati ta'an irraati kan xiyyeeffatuu ture.

- **Namoonni lamxii 10 fayyuu barbaaduu isaanii** (Luqaas 17:13)
- **Qaroo dhabeeyyiin arguu barbaaduu isaanii** (Mat 9:27)
- **Namichi tokko Yesuus waa'ee dhaala irraati amma isa gargaaruu barbaaduu isa** (Luqaas 12:13-14)
- **Fariisonnii Yesuusin dubbii barbaachaafi Qeesariif gibiraa kafaluu isaanii** (Mat 22:17)

Haata'uu malee namoonnii muraasni kara Yesuus dhufudhaan, akkamiti gara mootummaa Waaqayyoo seenuun akka danda'amu ni dhageefatu turan. Dargaggeesi sooressaa ta'eeti hubannoo seera qabu tokko gara Yesuusiti dhiyaachuun.

„Yaa barsiisaa arjaa nanaa jireenya bara baraa dhaluuf maal godhu“ jedheen (Luqas 18:18). Garuu Gooftaa Yesuus waan qabu hunda dhisee isa duukaa akka bu'uu yeroo itti himu, sooressaa waan ta'eef qabeenyi isaa gara isa nyaatee, dandii mootummaa Waaqayyoo irra gore.

Karaa biraatin immoo dargaggeesichii kun mootummaa Waaqayyoo galuuf barbaaduu baatuus barnoota waa'ee mootummaa Waaqayyoo dhaga'ee hubachuun kanaatiin gaaffii Yesuus gaafachuun carraa argateti fayyaadameera. Haaluma walfakkaatun Zakiwoos yeroo baay'ee Yesuusin ar-

guuf baay'ee osoo hawwu, yeroo argateetis hanga inni ee-geen ol Yesuus ta'eefira. Nyaata osoo waliin nyaataa jiraanii Yesuus *"Har'a mana kanaaf fayyinni ta'eera"* (Luqaas 19:9) mootummaa Waaqayyoo argateeraa" jechuun dubbaatera.

Akkamittan mootummaa Waaqayyoo dhaalu danda'a?

Akkuma ammaan duraa illaaleeti waanti nuti hubachuu qabnu:

- Mootummaa Waaqayyoo argachuun kan danda'amu yeroo murta'ee keessaati jaalatamtotaa dubbistootaa! Kana jechuun jireenya bara baraa argachuuf murteesuun yeroon isaa amma ta'uu akka beektaan jechuu dha.
- Gara mootummaa Waaqayyooti hojjiwwaan gagaarii qofa hojjaachuun galuun hin danda'amu.
- Haal-duree tokko malee mootummaa Waaqayyoo dhaaluun ni danda'ama.

Yaanni kenya gara mootummaa Waaqayyoo dhaaluuf qabnu yaada Waaqayyoo waliin kan wal hin simne yoo ta'e dogorreraa jechuudha. Fakkeenyaaf, namni sirbu ykn weed-isuu tokko beekamaa fi kan nama kofalchisuu waan ta'eef, yeroo soorama bayeeti mootummaa Waaqayyoo ni dhaalaa. Sababiin isaas namoota baay'ee waan kofalchiseef ykn waan sirbiseef," jedhee sirbeera. Dubartiin soorettiin tokko, namoota harka qalleeyyii 20 tahaniif mana ijaartee kennuun kaffaltii tokko malee keessaa akka jiraataan gochuu, garuu guyyaati sa'aatii tokkoof akka isheen jireenya bara baraa argatuuf akka kadhataniif taasisaa turte.

Haata'uu malee dhugaadhaan akkamitii mootummaa Waaqayyoo dhaaluun danda'ama?

Yesuus fakkeenyaati fayyadamuun barsiisee. Fakkeenyii kunis, Waaqayyoon kan mul'isuu yoo ta'uu, mootiin tokko afeeraa guddaa akka godhe kan dubbaatu ture. Wangeelaa Luqaas 14:16, mootichiis namoonnii gara afeeraa isaa akka dhufaan ergamtoota isaa erge. Haata'uu malee garuu namoonnii waamamaan deebiin isaanii gaddiisaa ture. Hundi isaanii adda addaan waakachuu jalqaban. Inni dura, lafa biteen ... inni biraa sangootaa cindii shaan biteen ... inni hafe niitii fudheen ... kanaafuu dhufuu hin dandeenyuu jedhaniin. Yesuus yeroo fakkeenya isaa dubbii mootichaan goolabuu" isiinin jedha, warra waamamee keessaa namni

tokko illee dhiyaanan ani qopheese hin dhamdhamu“ jed-
hee dubbaate.

Fakkenyi kun baay’ee ifaadha. Saababiin isaa Mootummaa Waaqayyoo dhaaluu ykn dhaaluu dhabuun akka danda’aamu waan dubbatef. Yaani bu’ura isaa waamichaa fudhachuu ykn fudhachuu dhabuu ta’a. Kun waan salphatti ta’uu miti ree? Bara dhumaa irratti namootni mootummaan Waaqayyoo yoo itti cufaame, kun kan ta’eef daandii waan hin beekneef osoo hin taane waan hin fudhaneef qofaadha.

Fakkenyaa irratti kan ilaalle namootni sadanuu fakkenyaa garii nuuf ta’uu hin danda’aan. Isaan kessaa namni tokko illee waamichaa afeerra hin fudhanee. Maaree mootichii umaata gara afeerrati yeroo waamuu qubee warqeen hin bareefamne, garuu dandii salphaa ta’een “Kootaa” jedhe qofaa waame. Waamichaa kana salphaati kan fudhataan afeerra gudda irratti bakka qabatuu. Sana booda namootni baay’een gara bakka sanaa dhufuu jalqabaan. Mootichiis bakkeewwan ilaaluudhan hojjattoota isaatiin “deema gara dandii sana dangaa magalaa ba’aati waama, manni koos akka guutuuf” jedheen.

Yaadni fakkenyaa kanaa nuuf maal akka ilaaluu barbaada. Kuniis mootummaa Waaqayyoo keessatti bakka qaba. Waaqayyoo bakkee kana kootuu dhaali jedha. Murtee dhugaa murteesuudhaan bakkee bara baraa jiraadha. Kanaas amma taasisaa.

Yesuus afeeraa faana kan firoomseef mootummaan Waaqayyoo bakke tolaa waan ta’eefi.

„Iji nama hin argine, gurri namaa hin dhagenye yaadni namaas biraa hin geenye, warreen Waaqayyoo jaallataniif kan qophesse.“ (1 Qorontos 2:9)

Lafaa irratti goonkumaa mootummaa Waaqayyootiin kan



fakkatuu hin jiru. Dhabuu kan hin qabnee baay'ee toleessa kan ta'ee mootummaa Waaqayyooti. Gatii jabeessaafi bakka raajiiti ilma Waaqayyoo kan ta'ee Yesuus dandii kana akka salphaati nuuf bane. Gara mootummaa Waaqayyoo akka dhaaluu taasisee.

Waanti nuti taasisuu qabnuu yoo jiraate gara mootummaa Waaqayyoo deemuu barbaaduu qofaadha. Akkasumaas kan boruu ilaaluu kan hin dandeenyee akkuma namoota warraa fakkenya irratti ibsaamani, afeeraa Waaqayyoo ni tuffatu.

Fayyinni gooftaa Yesuusiin

Hojji ergamootaa 2:21 luuqisii baay'ee barbaachisaa haa dubbifnu. „***Maqaa gooftaa kan waammattuu hundinuu immoo in oola***“ yaadni kun bu'uura barsiisaa kaakuu haraatii. Phawuloos, mana hidhaa Filiphoyoos gageessa warra mana sirressatiin akkas jedhee. „***Gooftaa Yesuusitti amani ati in fayyita, maatiin kees in fayyuu***“ jedhe yaada waligalaa dub-bateraa. (hojji ergamoota 16:31) Ergiichii baay'ee ifaa fi gaa-baba ta'uu iyyuu goonkumma jireenya kan jijjiruu ture.

Yesuus maal irraa fayyisaa? Gaffii baay'ee gaarii dha. Isaa garaa jireenya badii dandii gesuu fi si'ooli irraa fayyisaa. Macaafni Qulqulluun namootni mootummaa waaqayyoo ykn sii'oolii keessa bara baraan akka jiraatan dubbata. Lamaan keessaa inni duraa waan gaarii yoo ta'uu inni itti anuu garuu gidirraadha. Kanaan alaatti filannoon biraa gonkumaa hin jiru. Namootni du'aani deqiqaa shaan illee osoo hin turiin duuti kan dhumaa akka hin taanee amaanuuf carraa hin qaban. Jireenyii kee kan itti murta'uu haariroo Yesuus waaliin qabduuni kun immoo jireenyii kee bara baraa essatti akka ta'uu murteesaa jechuudha.

“Biyya Polaand dowwidhaaf bakkan tureetti kanaan dura Awushwitzi konseentireshin kampii” bakka jedhamu yeroon ilaaluu bakka kanatti bara (1942 – 1944 G.C). Bara bulchiinsa 3ffaa Jarmaan yeroo waraana adunyaa lamaffaa, sanyii warra Ayiwudi miliyoona 1.6 ol ta'an haala baay'ee sukkanessa ta'een, qamni isaaniis akka gubaatu godhameera. Kana bu'ureffachuun og-barruuwwaan baay'een si'ooliin Awushwitzi dha jedhanii ibsuu. Maree jechaamni kun namootni dhibbii ja'aa yeroo tokkotti ballessuuf kan qophaa'e gaazi champarii yeroon ilaaluu gara yadaa koo dhufee. Dhiphinii isaa akkam akka turee tilmamuu ni dandena jedhee hin yaadu haata'uu malee kun si'oolii turee? Bara 1945 G.C. Jalqabee champarii kanati dhiphinni waan darbeef kan nama qaanessuu haaja'ibnii isaa ni darbee.

Amma bakkichaa dowaachuuf ni danda'amaa. Yeroo kanatti Awushwizti kan dhiphatuus kan du'uus hin jiruu. Haata'uu malee si'ooliin bakkee dhiphuu bara baraa akka ta'ee macaafni qulqulluun ni dubbata. Seensaa kampichaa irratti akka qaamii Yesuus fannifame kan argisisuu argeera. Moodeela kana kan hojjate bakkee mana adabaa keessaa kan turee adabamaa seraa ture. Innis girgidaa irratti shorooqudhaan ture.

Adabaamaan seeraa kun bakka kanatti du'uu illee, fayyisaa kan ta'ee Yesuus ni beeka ture. Bakkee dhiphinaatti du'uus mootummaa Waaqayyoo keessatti garuu fudhatamaa argateera. Kaakuu haaraa keessatti Yesuus kan ibsee si'oolii namnii kamiyyuu jalaa ba'uu hin danda'uu. Fakkenyaaf (Mat 7:13; Mat 5:29-30; Mat 18:8). Bakka dhiphinni isaa itti fuufuu si'oolii dowaachuun hin dandeesu.

Mootummaa Waaqayyoo akkanuma, kan bara baraati, gara bakka kanatti Waaqayyoon sii fudhachuu barbaada. Afeeraa kanaaf eyyamamaa of taasisii. Mootummaa isaa barbaadun maqaa goftaa waamadhu.

Dubartiin tokko ana waliin erga mari'annen booda macaafaa qulqulluu kenninaafin baay'ee artee turte. Akkamiti namni tokko gara mootummaa waaqayyoo seenuuf dursee bakka qabachuu danda'a? Jette. Dubbiin sun akka qamni bakka bu'un waan kana rawatu jiru fakkata. "Anis ishee faana waliin gala." Yoo dursitee bakka qabachuu baatte, bakka deemuf barbaadu gonkumaa ga'u hin dandeesu. Fakkeenya gara Eddo Hawa'ii deemuuf tikeetii sirrii ta'ee akuuma barbaachisuu gara jireenyaa deemuufis tikeetii sirrii fi dhugaa ta'e barbaachisaa jechuudha. Haata'uu malee tikeetimaa bituu barbachisaa yeroon isheen jettuu, anis dhugummaan, mootummaa Waaqayyoo dhaaluufis ta'e kanfaluun dirqama. Ta'uus garuu gatii kana kanfaluuf namni kamiyyuu hin danda'uu. Waan baay'ee mi'aa ta'eef. Waaqayyoon mootummaa isaa keessaati cubbuu argee bira darbuu waan hin dandeenyeef, cubbun kenya achi akka hin seenee dhorkeera. Kanaafuu atis baraa baraan Waaqayyoo waliin jiraachuu yoo barbaadee cubbuu Irraa fayyuu qabdaan jedheen. Kun immoo kan ta'uu, cubbuun kan isa hin beekneeti nuf jedhee kan nama ta'e karaa Yesuus Kiristos qofani. Inni dhiiga isaatin fannoo irraa ollee gatii guddaa kanfaluun daandi bal'aa gara mootummaa Waaqayyooti nama galchuu nuf ta'eera.

Kanaafuu gara mootummaa Waaqayyooti dhaaluuf maal gochuu qabna? Waaqayyoon hundumaa kenya waamichaa caafata qullqullutin amma mootummaa isa dhaaluuf nu afeera.

- *Daandii isa dhiphaan dhaaluuf qabsa'aa, baay'een*



© wwing - istockphoto.com

daandii kanan dhaaluuf ni barbaaduu, garuu hin danda'amuuf. (Luqaas 13:24)

- *Mootummaa Waaqayyo dhiyaate cubbuu keessaniif dhi-fama barbaadaa jechuun lallabuu jalqabe.* (Mat 4:17)
- *Waa'ee isa dhiphaan seenaa, waan inni gara badiiti nama geessuu bal'aadha, daandiin isaas guddaadha. Waa isa guddaarraa namoonnii deemaanis baay'ee dha. Waan inni dhiphaan baay'ee dhiphaa fi namoonnii isa argatanii muraasa.* (Mat 7:13-14)
- *Wal'ansoo amantii sana, jabeesi qabi. Jireenya bara baraa harka keessaa galfadhuu. Isaaf waan waam-mteef dhuga baatuu-baay'ee duraati amantii kee ba'eessaa gootee beeksifata.* (1.Ximo 6:12)
- *Gooftaa Yesuusiti amani, ati fi maatiin kee ni fayyituu jedhanin.* (Hojii Erg. 16:31)

Erga kana keessaati wanti miira nama kakaasuu fi waamicha simaadhu jedhaati jira. Ergawwan armaan olii kana hundaa yeroo hubannu, keessaa namaati kan banuu garummaan kan guutameef waamichaa sirroominaafi kadhana armaan gadii kadhatee wamicha siif dhiyaatee akka fudhatu gochuuf.


Yaa gooftaa Yesuus lubbuun koo iddo argamsa keetiin alla turte. Har'a garuu waanan si hubadhef yeroo jalqabaatif kadhahanadhan gara keeti nan dhufa. Yeroo amma kana jeenatni fi gahanamni amma jiru hubadheera. Gahanamni cubbuu kootii fi amanuu dhabuu kootiin akka na hin fudhannee akka na olchituuf sin kadhada. Siwaliin mootummaa kee keessaa bara baraan jiraachuu nan barbaada. Siin amamuun malee gochammaan fedha foon kootii rawwaachuun mootummaa kee dhaaluu akka hin dandeenye hubadheera.

Bakka koo fannoo irraa oltee cubbuu kootiif gatii kanfalteerta. Ati jaalala waan taateef qooda koo naaf duuterta, sin galateef-adha. Cubbuun ani ummuri ijoolummaa kootii kaasee raw-waadhe, kan ani yaades ta'ee kan hin yaadanees ati argitetta, ni beektaas. Ani si fulduraati amma caafata dubbifamaati. Cubbaamaan kana hunda keessaa waanan ture gara kee isa waaqa jiraataa dhufe mootummaa kee dhaluu hin dandeenye.

Haata'uu malee cubbuu kooti waanan gaabeef dhifama akka naf gootuu sin kadhada. Si fulduratti waan gaarii hin taanee akka dhiisuuf naa gagaari. Amala fi barsiifata gaarii akka qabad-huu fi sagalee kee akkan hubadhuu na taasisi. Waan nati dubbatu akka hubadhuuf, jabinaa fi abdii fuldura jecha irraa akkan argadhu na eebisi. Waan na dhageesef galaanni siif haata'uu. Ammas siin abdadhee, siti amanee gara keeti dhufeen jira. Amma mucaa kee ta'eera. Gaafa tokko immoo mootummaa kee keessaati siin waliin nan argama. Yeroo kanatillee ati waan hundummaan waan na faanaa jirtuuf gammachuunifi abdiin sirraa qabu dachaadha.

Maloo adaraa siin kan amanniif, sagalee kee fi amantaa kee namootaa na barsiisaan namoota waldaa Waaqayyoo argachuu akkan danda'uuf gargasaa keen sikadha. Ameen!

Direktorfi Profeeserii ture
Dr. Ing. Werner Gitt
Information Scientist.



Title of the original edition: Wie komme ich in den Himmel?
Author's homepage: www.wernergitt.de

Publisher: Bruderhand-Medien
Am Hofe 2, 29342 Wienhausen, Germany
Tel.: +49 (0) 51 49/ 98 91-0, Fax: -19
E-Mail: info@bruderhand.de, Homepage: bruderhand.de

Nr. 120-74 – Oromo – 3rd edition 2018